Public Health
Seattle & King County

# Vaayirasii Hargansuu Syncytial (RSV)

**Kabajamoo Maatii ykn Warra Daa'ima Guddistanii,**

**Waraqaan dhugeessaa kun kan isiniif kennamaa jiruuf:**

- ☐ **Sababa isin ykn daa'imni keessan Vaayirasii Hargansuu Syncytial (RSV) dhaaf saaxilamuuf maltaniifidha.**
- ☐ **Odeeffannoo dhaaf qofa.**

---

## Odeeffannoo Waliigalaa Dhimma Vaayirasii Hargansuu Syncytial (RSV)

### Vaayirasiin Hargansuu Syncytial (RSV) maalidhaa?

- Vaayirasiin hargansuu kun ijoollee irratti mallattoolee sasalphoo qufaa fakkaatan agarsiisa.
- Daa'immanii fi namoota umuriin raagan irratti daran hammaachuu mala.
- Baayyee beekkamaa fi daa'imman hunduu hanga umurii waggaa 2 ni qabaamu.
- Yeroo gannaa fi jalqabaa birraa irratti baayyee beekamaadha.
- Kunis kulkulfannaawwan hargansuu (sombaa) gara gadii kanneen akka; biroonkaaylaaytis fi nimooniyaa daa'imman waaggaa 1 gadi jiraniitiif sababa beekkamaadha.

### Eenyutu qabamuu danda'a?

- Namoota kanaan dura qabamanii turan dabalatee eenyullee RSV dhaan qabamuu danda'a.
- Gareewwan muraasni baayyee dhukkubsachuu ykn rakkoowwan fayyaaf saaxilaman, kanneenis:
  - Daa'imman utuu ji'a hin guutin dhalatanii fi malqaqqawwan
  - Namoota ganna 50 ol-ta'an.
  - Dubartoota ulfaa
  - Namoota sirna madinummaa dadhabaa ykn rakkoo fayyaa yeroo dheeraa qaban.
- **Namootni heddumminaan dhukkuba kanaan miidhaman (armaan oli ilaali) yoo RSV'f saxilamuu isaanii yaadan ykn RSV qabaatan Dhiyeessa eeggumsa fayyaa qunnamuu qabu.**

### Mallattooleen maal faadha?

- Hoo'a qaamaa (Akkaadaamiin Fayyaa Daa'immanii Ameerikaa hoo'a qaamaa teempireechara 100.4ºF [38ºC] ykn kanaa oliitti hiika)
- Furrii
- Haxxifannaa
- Qufaa
- Fedhii nyaataa dhabuu
- Mallattooleen daa'imman dhiyoo dhalatan (kan ji'a 6 gadii) fi daa'imman utuu ji'a hin guutin dhalatan kan RSV qabani irratti argaman:
  - Sochii xiqqaa
  - Nyakkisaa fi yoyyommii
  - Fedhii nyaataa dhabuu
  - Hargansuu saffisaa ykn hargansuu dadhabuu (koqa, gaggaba, dhikkisaa fi funyees dabalatee)
- Mallattooleen kunneen hedduunisaanii guyyoota 8 hanga 15 keessatti ni badu.

**Akkamiin faffaca'a?**

- Vaayirasichi copha dilfafaa, haxxishoo, gororaa fi furrii keessatti argama.
- Vaayirasiin kuni kan inni daddarbu yoo namni RSV qabu qufa'ee ykn haxxifatee namni biraa immoo copha sana gara keessatti kan harganu ta'eedha.
- Akkasumas karaan biraa ittiin faffaca'u:
    - meeshaa ykn bakka vaayirasiin kun irra jiru harkaan tuquu fi sana booda afaan, ija fi funyaan tuquun.
    - fal'aanaawwan ykn kubbaayyaawwan nama RSV qabu waliin fayyadamuu.
- RSV'n bakkeerra sa'aatiiwwan hedduuf jiraachuu danda'a.
- Erga mallattooleen irraa badaniillee, namni RSV torbanootaaf facaasuu danda'a.

---

## Daa'imni Kiyya Mallattoolee RSV Yoo Qabaatte Hoo?

- Dhiyeessi eeggumsa fayyaa funyaan ykn kokkee keessaa jiidha fuudhee jiraachuu Vaayirasii qorata.
- Qorannoo dhiigaa taasisuunis, namni vaayirasii kana qabaachuu adda baasuun ni danda'aa.

**Gaaffilee dabalataa kan qabdu yoo ta'e ykn daa'imni kee RSV qabaachuu yoo kan amantu ta'e, dhiyeessaa fayyaa kee qunnami. Waraqaan dhugeessaa kuni odeeffannoo waliigalaa qofa kenna.**

---

## Daa'imni Kiyya RSV Qabuu Akkamitti Beekaa?

**Yoo daa'imni kee RSV qabaate hatattamaan dhiyeessaa tajaajila eegumsa daa'immanii ykn mana barnootaa oolma daa'immanii beeksisi.**

### Akkamiin yaalama?

- RSV'n dawaa hin qabu, garuu daa'imni kee akka haala mijataa keessa tursuuf mallattooleen muraasni ni yaalamu. Waa'ee filannoowwan yaalaaf dhiyeessaa fayyaa kee waliin haasa'i.
- Daa'imman kee haala mijataa keessa akka turan taasisi, akka boqonnaa argatan taasisa, akka dhangala'aa qaama keessaa hin dhumneef dhangala'aa gahaa obaasaa akkasumas deddeebisaa qorannoo taasisaaf.
- Daa'imman baatiiwwan 3 ykn sanaa gadii hoo'ina qaamaa 100.4ºF (38ºC) ykn kanaa ol qaban dhiyeessaa fayyaatin ilaalamuu qabu.
- Waa'ee mallattoolee daa'ima keetii wanti si yaachisu yoo jiraate, dhiyeessaa eeggumsa fayyaa kee dubbisi. **Daa'imni kee mallattoo dhangala'aan qaama keessaa dhumuu (xuxuu xiqqoo ykn finaan hamma duriirra xiqqaa ta'e, kan durii caalaa dadhabbii, martoo, goga arrabaa ykn hidhii, imimmaan xiqqoo) saffisaan harganuu, hargansuu irratti rakkoo, dhukkubbii mataa cimaa qabdi taanan, kallattiidhaan dhiyeessaa fayyaatin ilaalamuu qabu.**

### RSV'n akka hin faffacaane akkamiin dhorkuu danda'a?

- Yoo isin dhukkube mana turaa.
- Harka keessan yeroo hedduu saamunaa fi bishaan hoo'an, keessattuu haxxishoo, qufaa, ykn erga furrii baafattanii booda dhiqadhaa.
- Yoo qufaatan ykn haxxifattan funyaanii fi afaan keessan haguuga.
- Ija, funyaanii fi afaan keessan tuttuquu irraa of qusadhaa.

- Kubbaayyaawwan, fal'aanawwan, nyaata, fi dhugaatiiwwan nama RSV qabu kamiiyyuu wajjiin hin qooddatina.
- Waan daa'imman afaan keessa kaa'attu ashangulliitiiwwanii fi kan biraatis saamunaa fi bishaanin qulqulleessa.
- Bakkeewwan mana keessaa qulqulleessa akkasumas qorcha itti naqaa.

---

## Daa'imni Kiyya Eeggumsa Daa'immani Irraa Mana Turuu Qabaa/dii?

**Lakki.** Daa'imman RSV saaxilaman, ykn qabamuun isaanii adda baafame kunuunsa daa'immanii itti fufuu danda'u **yoo kanneen armaan gadii hin jirre ta'e:**

- Hoo'a qaamaa (teempireechara 100.4ºF [38ºC] ykn isa- ol) kan qabdu fi mallattoowwan RSV biraas yoo irraa mul'ate.
- Hojiilee daree keessatti hirmaachudhaaf qophaa'ummaa gahaa ta'e hin qaban yoo ta'e (fkn: yeroo baayee dadhabuu, nyakkisaa fi yoyyommii; ykn kan durii caalaa boo'u yoo ta'e).

**Dhukkubbii ilaalchisee sirna Bakki Eeggumsa Daa'iman keessaniif hordofaa.**

---

### Wabiiwwan:

American Academy of Pediatrics

- *Caring for our Children, Chapter 3 Health Promotion and Protection, 3.6 Management of Illness, 3.6.1 Inclusion/Exclusion Due to Illness*
- *Caring for our Children, Chapter 7 Infectious Diseases, 7.3 Respiratory Tract Infections, 7.3.8 Respiratory Syncytial Virus (RSV)*
- *Managing Infectious Diseases in Child Care and Schools, 5th Edition. pages 147-148*

Centers for Diseases Control & Prevention

- *Respiratory Syncytial Virus Infection (RSV). https://www.cdc.gov/rsv/*

Child Care Health Program – Public Health Seattle & King County

- *https://kingcounty.gov/depts/health/child-teen-health/child-care-health/disease-prevention.aspx*